Dhugumatti wanti ani isiniif baay’ee sodaadhu shirkii xiqqaadha" Isaanis ni jedhan: Yaa Ergamaa Rabbii shirkii xiqqaan maali? Isaanis ni jedhan: “na argiidha

Mahmuud bin Labiid irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-akkana jedhan: Dhugumatti wanti ani isiniif baay’ee sodaadhu shirkii xiqqaadha" Isaanis ni jedhan: Yaa Ergamaa Rabbii shirkii xiqqaan maali? Isaanis ni jedhan: “na argiidha, Rabbiin ol ta'e Guyyaa Qiyaamaa, yeroo namoonni hojiilee isaanitiif mindaa argatanitti akkana jedha: Gara warra dur addunyaa keessatti argisiifataa turtanii deematii mindaa akka isaan biraa argattan mee ilaalaa".

[hasani] [ahmad odeesse]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ummata isaanitiif wanti akkaan sodaatan shirkii xiqqaa ta’uudha himan, innis namni na haa arguuf waa hojjachuudha. Eegasii guyyaa qiyaamatti adabbiin warra nama agarsiifachuuf jecha Hojjetanii akka akkas isaanin jedhamuu ta'e himan: Gara warra isaanif jecha hojjataa turtanii deemaatii hojii sana irratti akka mindaa isiniif kennuu danda'an mee ilaalaa?!

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/3381